STAY SAFE MN



Qorichoota COVID-19 yaaluuf | gargaaran

Namoonni COVID-19 n qabamanii fi baay'ee dhukkubsachuuf saaxilamoo ta'an qorichoota COVID-19 jiran irraa fayyadamoo ta'uu danda'u. Yaalawwan kunniin dhukkubbii hammaataa, hospitaala ciisuu, fi sababa COVID-19 n du'uu ittisuuf ni gargaaru. Bu'aan qorannoo keessanii pozetiivii yoo ta'ee fi balaa hamaarra yoo jiraattan hatattamaan dhiheessa kunuunsa fayyaa keessan dubbisaa qorichoonni kunneen sirriitti hojjechuuf hanga danda'ametti dafanii jalqabamuu qabu. Dhiheessaan tajaajila fayyaa keessanii qoricha COVID-19 isa kamtu akka isiniif wayyu murteessuuf isin gargaara. Qorichi COVID-19 sadarkaan baqattummaa keessanii maaliyyuu yoo ta'e, nama kamiifillee ni kennama akkasumas carraa jiraataa dhaabbataa ta'uu keessaniis waan miidhu hin qabu.

Qorichoonni COVID-19 ittisai dhukkubaa kan bakka bu'an miti.
Namni ulaagaa guutu kamiyyuu talaallii fudhachuu fi tarkaanfiiwwan biroo fudhachuun weerara COVID-19 ittisuu qaba.

COVID-19 f qorichoota fudhachuu

COVID-19 n carraa hedduu dhukkubsachuu guddaa yoo qabaattan karaan itti qorichoota COVID-19 argattan lamatu jira.

- Qorichoota COVID-19 fudhachuuf ulaagaa kan guuttan ta'uu keessanii fi essaa akka fudhattan baruuf dhiheessa tajaajila fayyaa keessan dubbisaa.
- Naannoowwan qorannoo yaalaaf yokiin 'Test to Treat' kan qorannoo fi qoricha COVID-19 bakka tokkotti bilisaan kennan barbaadaa.

Qorichoonni COVID-19 sirriitti akka hojjetaniif guyyaa mallattoon isin irratti argame irraa kaasee guyyoota 5-7 gidduutti eegalamuu qabu. Yoo mallattoo ofirratti argitan, qoratamaa. Qorannoo fi teessoo qoricha argattan ilaalchisee odeeffannoo dabalataaf kutaawwan itti aanan ilaalaa.

Akkamiin akka qoratamtan

- ✔ Waajjira dhiheessa kunuunsa fayyaa keessanitti qoratamuudhaan yaalii COVID-19 argadhaa. Dhiheessa tajaajila fayyaa dhaabbataadhaan bira deemtan yoo qabaattan, guyyaa beellamaatti qoratamuu fi yaalii argachuun yoo isin irra jiraate gaafadhaa.
- ✔ Qorannoo manattii yokiin' immoo bakkoota biroo, fakkeenyaaf,wiirtuulee qorannoo hawaasaatti qoratamaa.
  - ◊ Qorannoon manattii bilisaan mootummaa federaalaa irraa ni argama Qorannoolee COVID-19 manattii aragadhaa (www.covid.gov/tests) yokiin karaa 1-800-232-0233 bilbilaa. Medicare kutaa B tti galmooftan taanaan, qorannoowwan manattii bilisaa dabalataa 8 ajajuu dandeessu.
  - ◊ Teessoowan qorannoo COVID-19 barbaadaa (mn.gov/covid19/get-tested/testing-locations/index.jsp).
  - ◊ Erga bu'aa qorannoo pozetiivii argattaanii, dhiheessaa tajaajila fayyaa keessanii dubbisaa, yokiin buufata fayyaa barbaadaa, yokiin wiirtuulee 'test to treat', barbaaduun ajajjuuwwan yaalaa seera qabeessa dhiheessa kunuunsa fayyaa rogummaa qaburraa fudhadhaa. Sirnoonni fayyaa tokko tokko yokiin wiirtuuleen yaaluu fi qorannoo (Test to Treat) tajaajila fayyaa fagoo yokiin teelee heelzii ni qabu.
- ✔ Wiirtuulee qorachuu fi yaaluu yokiin Test to Treat tti qorannoo COVID-19 taasisaa. Wiirtuu Test to Treat tti COVID—19 f qoratamtanii dhukkubicha yoo qabaachuun keessan barame,dhiheessaan tajaajila fayyaa bakkicha jiru ajajjuu qoricha liqimsaa farra COVID-19 fudhachuuf ulaagaa guutuu keessan ni mirkaneeffata. Dhihaachuuma keessan altakkaatti ajajjuu nu guutu ni ajajus. Yeroo beellama keessaniitti qorichoota (yokiin tarree qorichoota yeroo ammaa fudhachaa jirtanii) qabadhaa dhihaadhaa. Agarsiistuu qorannoo COVID-19 Test to Treat karaa (covid-19-test-to-treat-locator-dhhs.hub.arcgis.com) daawwadhaa.

Qorichoota yaalaa essaa akka argattu

Sarara irratti

- Marsaaratii Waajjira Dhimma Fayyaa Minesootaa(MDH) Buufataalee fayyaa fi dunkaanota qorichaa Minesootaa keessatti hirmaataa jiran beekuuf karaa Argama tajaajila teeraappii qoricha liqimsaa farra vaayiresii(www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/hcp/medsaccess.html).
- Agarsiistuu Test to Treat Karaa sarara irratti agarsiistuu Test to Treat mootummaa federaalaa karaa kana deemuu dandeessu:
  - ◊ **Afaan Ingiliffaa** Agarsiistuu Test to Treat qorannoo COVID-19-Ingiliffaan(covid-19-test-to-treat-locator-dhhs.hub.arcgis.com)
  - ◊ **Afaan Ispeeniin** Agarsiistuu Test to Treat qorannoo COVID-19-ES (covid-19-test-to-treat-locator-es-dhhs.hub.arcgis.com)
  - ◊ **Afaan Mandarin** Agarsiistuu 'Test to Treat' QORANNOO covid-19 - Mandarin (covid-19-test-to-treat-locator-zh-dhhs.hub.arcgis.com)

Bilbilaan

- Sararootni bilbilaa afaan Ingiliffaa fi afaanota biroon gaaffiiwwan keessan deebisuuf gargaaranii fi leecalloowwan qorannoo fi yaalamuutti isin qajeelchan ni jiru.
  - ◊ Sarara bilbila hawaasaa MDH COVID-19 Teessoo kanarratti bilbilaa1-833-431-2053, Wiixataa–Jimaataa: 9 a.m hanga 7 p.m tti, Sanabata xiqqaa: 10 a.m hanga 6 p.m namoonni afaan Ingiliziin,Hmong n, Afaan Somaaliin, Ispaanishiin,Afaana Kaareniin, akkasumas afaanota kanneen biroo hedduun isin dubbisan ni jiru.
  - ◊ Toora bilbilaa Federaalaa Yaalamuuf Qoratamuu As irratti bilbilaa 1-800-232-0233 (TTY 1-888-720-7489). Toorri bilbilaa kun torbanitti guyyoota torba sa'a 7 a.m hanga 11 p.m tti namoota afaan 150 oliin isin gargaaruu danda'aniin jira.
  - ◊ Odeeffannoo fi Dhaqqabamummaa Qaama hir'attootaaf (DIAL). As irratti bilbilaa 1-888-677-1199, Wiixataa–Jimaataa, sa'a 8 a.m. hanga 7 p.m., yokiin Imeeliil , tajaajiloota namoota hir'ina qaamaa qabaniif dhaqqabamaa gochuuf.

Tajaajila fayyaa bilisaa yokiin gatii rakasaa barbaadaa

Namoonni inshuraansii hin qabne tajaajila fayyaa bilisaa yokiin tajaajila gatii rakasaa hawaasa isaanii keessaa wiirtuu tajaajila fayyaa mootummaa federaalaan deggerame yokiin wiirtuu tajaajila fayyaa hawaasaa barbaaduu danda'u. Tarree isaa yoo feetan gara HRSA:deemaa. Wiirtuu Tajajila Fayyaa Barbaadaa(findahealthcenter.hrsa.gov/tool). Afaanota biroon odeeffannoowwan dabalataa barbaannaan, marsaaratii Leecalloowwan Tajaajila fayyaa rakasa barbaaduu yokiin Inshuraansii Fayyaa argadhaa (www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/materials/lowcost.html).

Tajaajilli bilbila hawaasaa MDH COVID-19 filannoowwan qorichaa fi yaalawwan hubachuuf isin gargaara, gara leecalloowwaniitti isin qajeelcha, akkasumas tajaajila afaanii ni kenna. Asirratti gaafa 1-833-431-2053, Monday–Jimaataa: 9 a.m. to 7 p.m., Sanbata xiqaa: 10 a.m. to 6 p.m. bilbilaa.

Gatii qorichoota COVID-19

Yeroo ammaatti qorichoota COVID-19 f gatiin bahe hin jiru, kana jechuun dhukkubsatoonni qoricha fayyadamaniif kaffaltii kaffalan hin qaban jechuudha. Ajajjuu qorichaa sababa guutaniif dukkaanonni qorichaa kallattiin yaalamtoota kaffalchiisuu hin danda'an. Haata'umalee yaala argachuutiin wal qabatee kaffaltiiwwan biroo namichi yokiin dhaabbanni inshuraansii kaffaluu qaban jiraachuu mala. Fakkeenyaaf, buufanni fayyaa sababa yaala kenneef kaffaltii gaafachuu mala. Yaalamtoonni gosa inshuraansii isaaniirratti hundaa'uun, tajaajila baasii qooddachuu yokiin galagalcha isaa qabaachuu malu. Qoricha ta'e tokko fudhachuu ilaalchisee gaaffii kamillee yoo qabaattan dhiheessaa tajaajila fayyaa keessan yokiin ogeessa qorichaa keessan dubbisaa.

Uwwisa kaffaltii fi baasii yaalaa

- Medicare kutaan D ajaja kaffaltii qorichoota COVID-19 n wal qabatan hunda nu uwwisa.
- Medicare n tajaajila yaala farra alagaa moonooklonaal yeroo hatattamaa yaala hawaasaa hunda nu cufa.
- Karooronni inshuraansii gurguddoon kaffaltiiwwan waan danda'aniif, karoora inshuraansii keessan ilaalaa.
- Inshuraansii hin qabdan taanaa, tajaajiloota kaffaltiin rakasaa yokiin kaffaltii irraa bilisaa buufatoota fayyaa mootummaa federaalaan deggeraman yokiin buufata fayyaa hawaasaa Minesootaa keessa jiran barbaadaa. Dabalataan Wiirtuu Tajaajila Fayyaa-Waldaa Tajaajila Fayyaa Hawaasaa Minesootaa irraa ilaalaa (mnachc.org/community-health-centers/find-a-health-center).

MINNESOTA

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975 | 651-201-5000
Bifa biraadhaan gaafachuuf health.communications@state.mn.us quunnamaa. (Oromo)
6/15/22